# Ergaa Phawuloos
# Gara Worra Galaatiya'aa Erge
## Seensa

Jechi Oduu Gammadaa ka marroo fayyisaa te'uu Yesuusii dubbatu, addee maratti lallabamaa, worri Yihudoota hin te'in akkuma fudhataa deemaneen, «Kiristaana te'iisaaf Seera Muuse'ee muummessiis barbaachisa'a moo barbaachisa'aa moti?» gaaffiin jettulle kaate. Asiyaa diqqaa keessa, Galaatiyaa bulchiinsa Rooma'aa keessa jiru keessa, wolde'oota kiristaanaa jiru oddu'utti, «Nami Waaqa duratti balchoomiisaaf Yesuus calla'atti dhugeeffatiisa adoo hin te'in, Seera karaa Muuse'eetiin kenname muummessuu qaba» jedhaa, worri Phawuloosiin mormu jiraayyu.

Phawuloos ergaa Galaatiya'aa tana, worra barsiisa kanaan raafamiisatti jiru, gara dhugeeffannaa sirrii teeteetii fi jiruu kiristaanumma'aa qajeelchiisaaf barreesse. Phawuloos ergamaa Yesuus Kiristoosii te'uu ifii mirkaneessiisaan jalqaba. Ergamaa akka te'uuf ka isa waame Waaqa malee nama akka hin te'inii fi ergaan isaalle gara worra Yihudoota hin te'inii akka te'e tokko-lama'aan dubbata. Foorota dhumaa keessatti, jiruun kiristaanumma'aa, jaalala Yesuusitti dhugeeffatiisa irraa maddu akka te'e mudhisa.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa*1:1-10*

Baallii Phawuloosii ta ergamumma'aa*1:11—2:21*
Oduu Gammadaa ta badhaadha Waaqaa*3:1—4:31*
Bilisumma'aa fi itti gaafatamummaa kiristaanaa*5:1—6:10*
Yaada buufataa*6:11-18*

*Nageya*

1 Namootaan yookiin karaa nama tokkootiin
adoo hin te'in, Yesuus Kiristoosii fi Waaqa Abbaa
Kiristoos du'aa kaaseen, ergamaa te'ee ka ergame,
ana Phawuloos biraa,
2 obboleeyyan na woliin jirtu mara biraa:
wolde'oota kiristaanaa ka Galaatiyaa keessa
jirtanuuf,
3 Waaqi Abbaan keenna, Goottaan keenna
Yesuus Kiristoosille badhaadhaa fi nageya isiniif
kennu!
4 Akka fedha Waaqa Abbaa keennaatitti, bara
hamaa kana keessaa nu bilisa baasiisaaf jedhee,
Kiristoos marroo cubbuu teennaatiif ifi dabarsee
kenne.
5 Baraa haga bara baraatitti Waaqaaf ulfinni
te'u! Ameen.

*Oduun Gammadaa Dhugittiin Takka'a*

6 Badhaadha Kiristoosiitiin ka isin waame ir-
raa garagaltanee, gara oduu gammadaa ta biraa
ariifattanee deebi'uun keessan na baaseffachiit-
teerti.
7 Worri isin kem'i godhiisaa fi Oduu Gammadaa
ta Kiristoosii daddasiisaaf barbaadu waan jiruuf
tana jedhe malee, dhugumaan Oduun Gammadaa
ta biraa hin jirtu.

8 Te'uu malee, nu'ulle yoo te'e, yookiin ergamaa
Waaqaa ka ol-gubba'aalle yoo te'e, Oduu Gam-
madaa ta nuuti isinitti lallanne irraa ta gorte, yoo
lallabe ka abaarame te'uu ti!
9 Akkuma tanaan dura dubbadhe, ammalle irra
deebi'ee dubbadha: eennulle Oduu Gammadaa ta
isin fudhattane irraa ta gorte, yoo isinitti lallabe
ka abaarame te'uu ti!
10 Ani amma nama moo, Waaqa duratti
fudhatama dhaggatiisaaf barbaadiisatti jira ree?
Yookiin nama gammachiisu'uuf barbaadatiisatti
jiraa? Nama gammachiisu'uuf adoo waan
barbaadu teete, ani tajaajilaa Kiristoosii hin
te'uuyyu.

## *Phawuloos Ergamaa Te'iisaaf Waamame*

11 Obboleeyyan tiyya! Oduun Gammadaa ta ani
isiniif lallabe, ta nami ifi keessaa maddisiise akka
hin te'in, akka beettanu barbaada.
12 Oduu Gammadaa tana, Yesuus Kiristoositti
natti mudhise malee, ani eennulle irraa hin fud-
hanne, yookiin eennulle na hin barsiinne.
13 Yennaa duri dhugeeffannaa Yihudootaa
hordofu, attam akka ani le'e dhageettaneertan;
ani wolde'a kiristaana Waaqaa akka malee
miidhaa* balleessiisaaf wodhaanaa ture.
14 Worra bara kiyya jiru, lansoota tiyya ta
Yihudoota te'ane hedduu, ani dhugeeffannaa
Yihudootaa eeggatiisaan hin caala; marroo
aadaa abbootii teennaatille'eef akka malee hin
hinaafaayyu.
15 Waaqi ammoo adoo ani hin dhalatin dura na
filate; badhaadha ifiitille'een na waame.

---

* **1:13** *Miidhaa:* Ari'aa **1:13** HuE. 8:3; 22:4-5; 26:9-10

16 Oduu Gammadaa ta marroo Ilma isaa, worra
Yihudoota hin te'in oddu'utti akka ani lallabuuf,
yennaa Waaqi Ilma ifii natti mudhisiisa jaalate,
ani nama tokkolle woliin hin mari'anne;
17 yookiin gara worra anaan dura ergantoota
te'ee Yerusaalem hin dhandhe, ammoo yoosuma
gara biyya Arabaa dhaqee, achiin duuba
Damaasqo'otti deebi'e.
18 Eegii san woggaa sadiin duuba Pheexroos†
ilaaliisaaf gara Yerusaalemii dhaqee, isa bira
guyyaa kudha shan ture.
19 Obboleessa Gootta'aa Yaaqoob malee, ergan-
toota dhibii keessaa tokkolle hin dhaggine.
20 Wonni ani isiniif barreessu kun dhara akka
hin te'in, Waaqi hin beeka.
21 Ani Yerusaalem dhaqeen duuba gara biyya
Sooriya'aatii fi Qiliiqiya'aa dhaqe.
22 Wolde'ooti kiristaanaa ka Kiristoosii, ka lafa
Yihuda'aa keessa jiru, ilaan na dhagganee hin
beekanu.
23 Oduu, «Namichi duri nu miidhaa ture, dhuge-
effannaa balleessiisaaf barbaadu san, amma lal-
labiisatti jira» jettu qofa dhage'aneeran.
24 Sababa kiyyalle'eef Waaqa galateeffatane.

# 2

## *Phawuloosii Fi Ergantoota Taan*

1 Eega san woggaa kudha afuriin duuba, Tiitoos
ifi faana fudhadhee, Baarnaabaas woliin gara
Yerusaalemii deebi'ee dhaqe.

---

† **1:18** *Pheexroos:* Afaan Giriikiitiin Keefaa jedham. **1:18** HuE. 9:26-30

2 Akka ani achi dhaqu, Waaqi natti mudhinnaan
dhaqe. Hujiin ani kanaan dura hujee fi ta amma
hujiisatti jiru, tola akka hin banneef jedhee, Oduu
Gammadaa ta worra Yihudoota hin te'initti lal-
labu, sooreyyii gugurdo'oof qofitti hime.
3 Tiitoosiin na woliin jiru, nama Giriikii
te'ulle, akka haqanqabaa qabatu hunnaan hin
godhanne.
4 Te'uu malee obboleeyyan dharaameyyiin
tokko tokko, ka luuxanee nu odduu seenane, akka
inni haqanqabaa qabatu barbaadaneeraniiyyu.
Isaan bilisummaa nuuti Yesuus Kiristoosiin
qannu dooyanee, garbumma'atti nu deebisiisaaf
barbaadanee, luuxanee seenane.
5 Dhugaan Oduu Gammadaa, akka yennaa
mara isin woliin jiraattuuf, nuuti yennaa
diqqolle'eef isaaniif hin ajajane.

6 Worri sooreyyii gugurdoo ifi fakkeessuu am-
moo, eennummaan isaanii ta qaraa womaa natti
hin fakkaatu; Waaqi fuula namaa ilaalee hin
golu; isaan Oduu Gammadaa ta ani lallabu irratti
womaa hin daballe.
7 Ammoo akka Waaqi, akkuma Pheexroos Oduu
Gammadaa worra Yihudootaatiif akka lallabuuf
adaraa itti kenne, anille Oduu Gammadaa worra
Yihudoota hin te'iniif, akka lallabuuf adaraa natti
kenneeru beekaneeran.
8 Waaqi akka Pheexroos ergamaa worra Yihu-
dootaa te'ee tajaajilu godhe, akka anille ergamaa
worra Yihudoota hin te'inii te'ee tajaajilu god-
heera.
9 Akkasuma sooreyyiin akka utuba'aa ilaala-
manu Yaaqoob, Pheexroosii fi Yohaannis, bad-
haadha naaf kenname hubatanee, tokkummaa

mudhisiisaaf Baarnaabaasii fi na woliin harka wol qabanneerra; Baarnaabaasii fi ani gara worra Yihudoota hin te'inii akka dhandhu, isaaniille gara worra gosa Waaqaa akka dhaqanu woliif galleerra.
10 Isaan marroo hiyyeeyyi'iitiif akka nuuti
yaadannu callaa nutti dubbatane, kun waan ani dhugumaan godhiisaaf fedhuuyyu.

### *Anxokiya'atti Phawuloos Pheexroosiin Morme*

11 Pheexroos gara Anxokiya'aa yennaa dhufe
waan dokonkoreeruuf, ani fuula duratti isa morme.
12 Namooti gariin Yaaqoob biraa adoo hin
dhufin dura, Pheexroos worra Yihudoota hin te'in keessaa worra dhugeeffate woliin nyaataa ture; yennaa isaan dhufane ammoo, golii worra haqanqabaa qabatee* sodaatee, worra Yihudoota hin te'in irraa ifi gargar baasee qarqarfate;
13 Worri Yihudoota keessaa dhugeeffatanelle,
kijiba Pheexroosii hordofaneeran; Baarnaabaasinuu kijiba isaaniitiin duubatti harkifameera.
14 Akka isaan akka dhugaa Oduu Gam-
madaatitti hujaa hin jirre, ani yennaa dhagge, isaan mara duratti Pheexroosiin, «Ati Yihudii teetee, akka Yihudi'iititti adoo hin te'in, akka nama Yihudii hin te'iiititti eega jiraatte, attamiin worri Yihudoota hin te'in, akka Yihudootaatitti akka jiraatuuf uttitta ree?» jedhe.

### *Namuu Dhugeeffanna'aan Fayya*

---

* **2:12** *Golii worra haqanqabaa qabatee:* Golii, «Worri worra Yihudootaa hin te'in keessaa dhugeeffate haqanqabaa qabatuu qaba» jettu.

15 Nuuti dhalootaan Yihudoota malee, worra
Yihudoota hin te'in worra cubbichaa moti.
16 Te'uu malee nami Yesuus Kiristoositti dhuge-
effatiisaan malee, Seera eeggatiisaan akka hin
balchoonne beenneerra. Nuutille Seera eeggati-
isaan adoo hin te'in, Kiristoositti dhugeeffatiisaan
akka balchoonnuuf Yesuus Kiristoositti dhugeef-
fanneerra. Eennulle Seera Muuse'ee eeggatiisaan
hin balchoomu.
17 Kiristoositti dhugeeffatiisaan balchoomiisaaf
adoo barbaannuu, nuutinuu cubbaalleyyii teenee
yoo mudhanne, akka cubbuu tolchinu ka godhi-
isatti jiru Kiristoos jechu'u ree? Ijjumaa, hin teetu!
18 Ani Seera diige deebisee yoo ka ijaaru te'e, an-
inuu nama Seera diigu te'uu kiyya mudhisiisatti
jira jechu'u.
19 Ani Waaqaaf le'iisaaf, karaa Seeraatiin Seera
duraa du'eera; ani Kiristoos woliin fannifameera.
20 Maarre haganaa achi Kiristoos ana keessa le'a
malee, ani ifiif hin le'u. Le'ii amma fooniin le'ulle,
Ilma Waaqaa ka ana jaalatee, ifi dabarsee naaf
kennetti dhugeeffatiisaan le'a.
21 Ani badhaadha Waaqaa gatii hin dhooggu;
Seera eeggatiisaan adoo waan balchoomanu
teete, Kiristoos toluma du'e jechu'uu motii ree!

# 3

### *Balchummaan Seeraan Moo Dhugeeffanna'aan*

1 Worra Galaatiya'aa gowwoole'e! Eentu
muusessee isin dooche? Yesuus Kiristoos
fannifamee, akka waan barreeffamee
rarraafamee, ila teessan dura jiraayyuu.

**2:16** Far. 143:2; Rom. 3:20,22

2 Ani waan tokko callaa beekuu barbaada:
isin Seera eeggatiisaan moo, yookiin Oduu
Gammadaa dhageettanee itti dhugeeffatiisaan
Ayyaana Woyyicha fudhattane?
3 Attam akkas gowwitan? Ayyaana Waaqaatiin
jalqaddanee, amma ammoo yaada fooniitiin
muummessuu barbaaddanii ree?
4 Dhugumaan waan woy hin baaneef yoo te'e,
toluma waan isin irra dhaqqabe kana mara fud-
hattanee ree?
5 Waaqi Ayyaana ifii isinii kennee, bilbaasa
isin oddu'utti wonni hujuuf, waan Seera eeggat-
taneef moo, yookiin Oduu Gammadaa dhageetta-
nee waan itti dhugeeffattaneef?

6 Abrahaam ilaala'a me; Barreeffami
Woyyichi, «Abrahaam Waaqatti dhugeeffate;
dhugeeffannaan isaalle balchumma'atti
laakkowanteef» jedha.
7 Maarre worri dhugeeffatu maraa ilmaan
Abrahaamii akka te'e hubadha'a!
8 Barreeffam Woyyichi akka Waaqi worra gosa
isaa hin te'in dhugeeffanna'aan balchoonsu, du-
raan dursee dhaggee Abrahaamiin, «Gosi maraa
si'iin hin eebbifama» jedhee, Oduu Gammadaa itti
himeera.
9 Tanaaf worri dhugeeffatu maraa, Abrahaamii
dhugeeffate woliin ka eebbifame.

10 Barreeffam Woyyichi, «Waan Kitaaba Seeraa
keessatti barreeffame mara, nami hin eeganne
maraa ka abaarame!» waan jedhuuf, worri Seera
eeggatiisatti ciqilfatu abaarsa jala jira.
11 Barreeffam Woyyichi, «Nami balchaan dhuge-
effanna'aan le'a» waan jedhuuf, eennulle Waaqa

duratti Seeraan balchoomiisaaf akka hin dandeenne ifa.
12 Seerri dhugeeffannaa irratti hin hundeeffamu; te'uu malee Barreeffam Woyyichi, «Nami
waan Seerri jedhu guutu, ittiin hin le'a» jedha.

13 Barreeffam Woyyichi, «Nami muka irratti rarraafamu maraa ka abaarame» waan jedhuuf, Kiristoos nu'uuf jedhee abaaramaa te'ee, abaarsa Seerri nutti fidu jalaa nu wode.
14 Eebbi Abrahaam dhaggate, karaa Kiristoos Yesuusiitiin, worra Yihudoota hin te'in maraaf akka kennamuuf, Ayyaana Waaqi addii kennelle, dhugeeffanna'aan akka fudhannuuf Kiristoos nu wodeera.

### *Seerri Waadaa Galame Hin Diigu*

15 Obboleeyyan tiyya, le'ii guyyuma guyya'aa keessaa fakkeenna tokko fuudhee dubbadha: yoo nami lamaan waan tokko irratti wolii galee, wolii galtee san mallatteesse, eennulle wolii galtee san diigiisaaf, yookiin woy itti dabaliisaaf hin dande'u.
16 Maarre Waaqi Abrahaamii fi sanyii isaatiif addii kenneera; Barreeffam Woyyichi, akka nama heddu'uuf dubbatamuutitti, «Sanyoota» hin jedhu, akka nama tokkoof dubbatamuutitti, «Sanyii» jedha, innille Kiristoos.
17 Kana jechuun kiyyalle, Seerri woggaa dhibba afurii fi soddomaan duuba kenname, gondooroo qara Waaqaan gondoorante diigee, waadaa galame san balleessiisaaf hin dande'u jechuu kiyya.

18 Kennansi Waaqaa* Seeratti ciqilfatiisaan
adoo te'ee, waadaa galametti ciqilfatiisaan
hin te'uuyyu. Te'uu malee, karaa waadaa
galameetiin, Waaqi kennansa ifii Abrahaamiif
kenneera.
19 Yoona Seerri maaf kenname ree? Sanyiin
Abrahaamiif waadaa galameen kenname haga
dhufu, seera tariis maan akka te'e mudhisiisaaf,
Seerri dabalamee kenname. Seerri ergantoota
Waaqaatiin, karaa araarsaa† tokkochaatiin ken-
name.
20 Te'uu malee, araarsaan tokko golii
lama wolakka'atti malee takkaa calla'aaf hin
barbaachisu; Waaqi ammoo tokkocha.

### *Seerri Maaf Akka Kenname*

21 Seerri waadaa Waaqi galeen hin mormaa
ree? Ijjumaa hin mormu! Seerri akka jiruu
kennuuf adoo kennamee jiraate, sila dhugumaan,
Seera eeggatiisaan balchummaan hin dhagganti-
iyyu.
22 Waadaan galame, ta Yesuus Kiristoositti
dhugeeffatiisaan dhaggantu, worra dhugeef-
fatuuf akka kennantuuf, Barreeffam Woyyichi
biyyi lafaa duudiin cubbu'uuf bitamiisaan
hidhantee akka jirtu dubbata.
23 Adoo dhugeeffannaan hin dhufin dura, haga
dhugeeffannaan mudhatutti, Seeraan hidhannee,
Seera jalatti eegamaa ture.
24 Maarre nuuti dhugeeffanna'aan akka bal-
choonnuuf, haga Kiristoos dhufu, Seerri guddisoo
keenna te'eeraayyu.

---

* **3:18** *Kennansi Waaqaa:* Dhaala dhaaliis, fayyinna dhaggatii.
† **3:19** *Araarsaa:* Wodhakkicha

25 Amma ammoo, dhugeeffannaan waan dhut-
teef, haganaa achi guddisoo Seeraa jala hin ji-
raannu.

### *Ijoollee Waaqaa*

26 Kiristoos Yesuusitti dhugeeffatiisaan, isin
martinuu ijoollee Waaqaa ti.
27 Isin worri Kiristoos woliin tokko te'iisaaf cu-
uphantane maraa, Kiristoos akka woya'aa uffatta-
neertan.
28 Karaa Kiristoos Yesuusiitiin, isin martinuu
tokko waan teetaneef, worra Yihudi'iitii fi Giriikii,
garbichaa fi ka garbicha hin te'in, dhiiraa fi dubar-
tii oddu'utti garaagarummaan hin jirtu.
29 Ka Kiristoosii eega teetane, isin sanyii Abra-
haamii ti; waan Waaqi isiniif addii kennelle hin
dhaaltan.

# 4

1 Ammalle wonni ani jedhuu barbaadu kana:
ilmi karra abbaa ifii dhaalu tokko, karra abbaa
ifii mara irratti goottaa yoo te'elle, haga ijool-
lumma'aan jiru garbicha tokko hin caalu.
2 Yennaan abbaan isaaf murteesse haga geettu,
harka worra isa guddisuutii fi worra isa bulchuu
jala tura.
3 Nuutille akkasuma, ayyaanaan adoo hin gud-
datin duratti, seera* biyya lafaatiif garba teenee
turre.
4 Barri murtaye sun yennaa geye, Waaqi Ilma
ifii nuuf erge. Inni dubartii irraa dhalatee, Seera
jalatti bule.

---

**3:29** Rom. 4:13 * **4:3** *Seera:* Yookiin ayyaanota gugurdaa

5 Inni worra Seera jala jiru wodee, ilmaan
Waaqaa nu godhiisaaf tana godhe.
6 Isin ilmaan isaa waan teetaneef, Waaqi
Ayyaana Ilma ifii ka, «Abbaa, Abbaa» jedhee
waamu gara keessa† keennaa ergeera.
7 Maarre yoona, ati ilma malee garbichaa moti;
ilma eega teete, Waaqi akka dhaaltu si godheera.

## *Phawuloos Worra Galaatiyya'aatiif Haajame*

8 Isin dur adoo Waaqa hin beekin, waan
dadamaan waaqota dhuga'aa hin te'iniif garba
teetaneertaniiyyu.
9 Amma ammoo Waaqa beettaneertan; dhugu-
maan Waaqi isin beekeera. Attam deebitanee
gara hunnoota biyya lafaa dadhaboole'ee fi ka
woy hin baane kanatti garagaltan ree? Ammalle
deebitanee garba isaanii te'iisaaf barbaaddan?
10 Guyyaa, ji'a, bonaa-gannaa fi woggaa adda
te'e ulfeessitan.
11 Hujiin ani isinii huje mara tola baddeerti
jedhee isinii sodaadha.
12 Obboleeyyan tiyya, waan ani akka keessan
te'eef, isinille akka kiyya akka teetanuuf isin kad-
hadha. Isin womaa na hin yakkine.
13 Yennaa jalqabaa, akka ani sababa dhibee
tiyyaatiin, Oduu Gammadaa isinii lallabe, isinuu
hin beettan.
14 Dhibeen tiyya ilaallachaa isinitti teetulle,
akka ergamaa Waaqaatii fi akka Kiristoos Yesu-
usiitittii na fudhattane malee, isin na hin tuffanne,
yookiin na hin jibbine.

---

**4:5** Rom. 8:15-17 † **4:6** *Keessa:* Gadhaa

15 Gammad keessan sun eessa dhaqe ree? Adoo
dandeettane ila teessanille ifi keessaa baattanee,
worra naaf kennitanu akka teetane anuu dhugaa
hin baya.
16 Ani waan dhugaa isinitti himeef diina
keessan te'ee ree?
17 Namooti kuun isiniif akka malee yaadatan,
te'uu malee dansa'aafii moti; akka isin isaaniif
jabaattanee yaadattanuuf, nu irraa isin kutiisa
barbaadan.
18 Yaada dansa'aaf yoo te'e, namaaf yaadatuun
waan dansa'a; tun ammoo yennaa maraaf malee,
yennaa ani isin bira jiru calla'aaf hin te'in.
19 Ijoollee tiyya, haga bifi Kiristoosii isin
keessatti mudhatutti, ani ammalle akka dubartii
deettuu isiniif hin ciniinsifadha.
20 Ani marroo teessaniif waan godhu waan
wollaaleeruuf, adoo isin biratti dhaggamee akka
dhibi'iin isinitti dubbadhee hin fedhaayyu.

### *Fakkeenna Aggaariitii Fi Saara'aa*

21 Isin worri Seera jalatti buliisaaf barbaadanu,
waan Seerri jedhu hin dhageennee? Natti hima'a!
22 Abrahaam ilmaan lama qabaayyu; tokkocha
dubartii garbittii irraa, kaan dubartii garbittii hin
te'in irraa, akka uumate barreeffanteerti.
23 Ilmi tokkochi dubartii garbittii irraa, akka
fedha foonii calla'aan dhalate; kuun ammoo
dubartii garbittii hin te'in irraa, addii kennanteen
dhalata.
24 Amma kun fakkeenna; dubartooti lamaan
sun fakkeenna gondooroo lamaanii ti. Takkat-
tiin ta ijoolleen isi'ii garbummaa keessatti dha-

latte Aggaari; isiin fakkeenna gondooroo Gaara
Siina'aa irratti gondoorantee ti.
25 Aggaariin Gaara Siina'aa ka biyya
Arabaa keessa jiruun fakkeeffante sun,
fakkeenna Yerusaalemii amma kolbaa ifii woliin
garbummaa keessa jirtuu ti.
26 Yerusaalemiin ol-gubba'aa ammoo
bilisoontu'u; isiin haadha teenna.
27 Barreeffama Woyyicha keessatti,
«Ijoollee dubartii abbaa manaa qadduu caalaa,
ijoolleen dubartii qofi lakkifantee waan hed-
datteef,
ati maseentittiin deettee hin beenne gam-
madi;
ati ta ciniinsifattee hin beenne
iyyii ililliisi!» jedhantee barreeffanteerti.
28 Amma obboleeyyan tiyya, akkuma Yisihaqii,
isinille ijoollee addii kennantee ti.
29 Te'uu malee, yennaa san ka akka fedha foonii
calla'aan dhalate, ka fedha Ayyaana Waaqaatiin
dhalate akkuma ari'e, ammalle akkasuma hin
te'a.
30 Barreeffami Woyyichi ammoo maan jedha?
Wonni jedhu, «Ilmi garbitti'ii, ilma ta garbittii hin
te'inii woliin dhaala waan hin qoodanneef, garbit-
tii ilma isi'ii woliin ari'i!» hin jedha.
31 Maarre obboleeyyan tiyya, nuuti ijoollee ta
garbittii hin te'inii ti malee, ijoollee garbitti'iitii
moti.

# 5

*Bilisummaa Kiristoosiin Dhaggantu*

1 Bilisumma'aan akka leenuuf Kiristoos bilisa
nu baase. Tanaaf jabaadha'aa dhaabbadha'a!

Deebitaneelle waanjoo* garboomaatiin hin hidhamina'a!
2 Dhage'aa! Yoo haqanqabaa ifi qassiittane,
akka Kiristoos ijjumaa isiniif woy hin baane, ani
Phawuloos isinitti hima.
3 Nami haqanqabaa qassiifatu mara, dirqama
Seera duudii muummessiisaa akka qabu ani ammalle dhugaa hin bayaaf.
4 Isin worri Seera eeggatiisaan balchoomiisaaf
barbaaddanu, Kiristoos irraa ifi kuttaneertan;
badhaadha waaqaa irralle'ee bayyattaneertan.
5 Nuuti ammoo karaa Ayyaana Waaqaatiin,
balchummaa addii godhannu dhugeeffanna'aan
dharra'aa eeganna.
6 Kiristoos Yesuusiin yoo jiraanne, dhugeeffannaa jaalalaan hujjuttuu gatii qaddi malee, haqanqabaa qabatiisa yookiin haqanqabaa qabatiisa
dhabiisaa moti.
7 Isin akkuma dansaa hujaa turtane; akka isin
dhuga'aaf hin ajajanne eentu gufuu isinitti te'e
ree?
8 Hawadiin tun ta Waaqa gara dhuga'aa isin
waamu biraa dhuttee moti.
9 Uukoon diqqoon bukoo duudii bukeessiti.
10 Akka isin yaada kana irraa gore hin qabaatin,
ani Gootta'aan ifi-addii qaba. Eennulle teenaan
nami isin jaanjursu muraa hin fudhata.
11 Ammoo obboleeyyan tiyya, haqanqabaa qabatiis barbaachisaa akka te'e, adoo waan lallabiisatti jiraadhee, maaf na miidhan ree? Yoo
akkasii, fannoon Kiristoosii namaaf gufuu te'iis,
silaa hin hafaayyu.

* **5:1** *Waanjoo:* Qambaraa **5:9** 1 Qor. 5:6

12 Worri isin jaanjursu sun, haqanqabaa qabati-
isa callaa adoo hin te'in, adoo ifi yakkate ani hin
jaaladha.
13 Obboleeyyan tiyya, isin bilisumma'aaf waam-
mantaneertan; jaalalaan wol tajaajila'a malee,
bilisummaa teessan tana halchaa foonii muumm-
effatiisaaf karaa dagu'uu hin godhatina'a!
14 Seerri duudiin Jecha, «Akkuma ifi jaalattu
nama jaaladhu!» jedhuun wolitti qabama†.
15 Yoo ammoo ka wol cicciniittanee wol nyaat-
tanu teete, akka wol hin balleessine ifi eeg-
gadha'a!

### *Hujii Ayyaanaatii Fi Hujii Foonii*

16 Wonni ani jedhu tana: yoona Ayyaanaan
sooreffamaa le'aa malee, halchaa foonii hin
muummessina'a!
17 Halchaan foonii halchaa Ayyaanaatiin mor-
miti; halchaan Ayyaanaalle halchaa fooniitiin
mormiti; halchaan lamaan tun waan wol mor-
mituuf, waan jaalattanu godhiisaaf hin dandeet-
tanu.
18 Yoo Ayyaanaan sooreffantane ammoo, Seera
jala hin jirtanu.
19 Hujiin foonii ta beekkante. Isiille: sagaa-
galuu, battummaa, baalagummaa,
20 waaqota dharaa waaqonsuu, moruu‡,
diinummaa, moromaa, hinaaffaa, mufii, ifi
jaalatuu, wol dhabuu, wol fojuu,
21 dhiibbaleessa te'uu, machii, sarbicha dhi-
itu'uu§ fi ta tana fakkaattu. Akkuma kanaan dura

† **5:14** *Wolitti qabama:* Muummowa **5:17** Rom. 7:15-23 ‡ **5:20** *Moruu:* Xanuu, falfaluu § **5:21** *Sarbicha dhiitu'u:* Nyaatanee unanee caaqu'u

isinitti hime, ammalle itti deebi'ee isinitti hima: worri waan akkasii huju mootummaa Waaqaa hin dhaalu.
22 Midhaan Ayyaanaa ammoo jaalala, gammada, nageya, ossa, arjummaa, dansummaa, addatama,
23 qajeelumma'aa fi ifi qabatiisa. Seerri waan akkasii kana dhooggu hin jiru.
24 Worri ka Kiristoosii te'e, halchaa hantu'uu fi fedha isaa woliin foon ifii fanniseera.
25 Worra Ayyaanaan leenu yoo teene, Ayyaanaan sooreffannuu ti.
26 Wol aarsaa, wol hinaafaa, tola me ifi jajnuu ti!

# 6

*Ba'aa Wolii Ba'adha'a*

1 Obboleeyyan tiyya, yoo nami tokko cubbu'uun qabame, isin worri ayyaantoleen qajeelumma'aan isa qajeelcha'a! Ammoo isinille akka hin ataabanne ifi eeggadha'a.
2 Ba'aa wolii ba'adha'a! Akkasiin Seera Kiristoosii muummessitan.
3 Nami woy hin baane tokko, nama woy bawu yoo ifi seye, ifi gowwoonsa.
4 Nami maraa hujii ifii qoree ilaaluu ti! Achiin duuba worra dhibii woliin wol bira qabee ifi ilaaliisaan adoo hin te'in, ifumaaf waan ittiin ifi jaju hin dhaggata.
5 Nami maraa ba'aa ifii ba'atuu qaba.
6 Nami Jecha Waaqaa baratu, barsiisaa ifii woliin waan dansaa mara qoodamuu ti!
7 Ifi hin sobina'a! Waaqatti funnaan hin dhaabanu. Nami waanuma facaase haammata.

8 Nami akka fedha foon ifii facaasu, fedha
foon ifii irraa du'a haammata; nami akka fedha
Ayyaanaa facaasu, Ayyaana irraa jiruu bara
baraa haammata.
9 Yoo addii kutatuu dhanne, yennaan
haamma'aa yennaa geette, waan wolitti
qabannuuf, hujii dansaa hujiisa me dadhannuu
ti.
10 Maarre yennaa daguu dhagganne maratti,
nama maraaf, keessattuu worra dhugeeffannaa
keessa jiruuf, waan dansaa goonuu ti.

### *Gorsaa Fi Nageya Muummeffataa*

11 Qubee gugurdoo attamiitiin akka ani harka
kiyyaan isiniif barreessiisatti jiru ilaala'a!
12 Worri waan nafa namaa irratti alaan mud-
hatu dhaggisiisuu barbaadu, akka isin haqan-
qabaa qabattanu hunnaan isin godha. Marroo
fannoo Kiristoosiitiif, akka miidhaan isaan hin
geenne qofaaf tana godhan.
13 Isaan haqanqabaa qabatiisa keessaniin ifi ja-
jiisaaf, haqanqabaa qabatiisa keessan barbaadan
malee, worri haqanqabaa qabateeyyuu Seera hin
eegatu.
14 Fannoo Goottaa Keenna Yesuus Kiristoosii, ta
biyyi lafaa ana irraa ittiin fannifante, ka anille
biyya lafaa jalaa ittiin fannifameen malee, waan
biraatiin ifi jajuun ijjumaa naaf hin te'in.
15 Dada haareya te'iisa malee, haqanqabaa qa-
batiisii, yookiin haqanqabaa qabatiisa dhabiisi
womaayyuu moti.
16 Worra seera kana hordofu maraa fi Israa'elii
worra Waaqaa teeteef, nageyaa fi marartiin teetu.

17 Gadaannis ani nafa kiyya irratti qabu, gar-
bicha Yesuusii te'uu kiyya waan mudhisuuf, ha-
ganaa achi namuu na hin rakkisin.
18 Obboleeyyan tiyya, badhaadhi Goottaa
keenna Yesuus Kiristoosii isin woliin jiraatu.
Ameen.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e